Makkoo Bilii Bisiil sanyii leeqaa keessaa dhalatan. nama gamna beekumsa cimaa qabu ture. seerri inni baase lakkoobsaan 65 oggaa tahu, kunis cimina isaatiif ragaadha.

A. Makkoon seera tume (mure)

Keewwata 1

★Namni hundinuu qorichaaf damma manaa hin dhabiin . muree seeraa

KeewwAta #2

★kireenyi namaa akka hin miidhamne, qabeenyi namaa akka hin miidhamne buttaan abbaa " qundurroo" Inni waggaa waggaatti ta'aa ture hafee; buttaan bara 8,8titti qalamee haa ayyaaneffamu, dhaqna qabaan immoo buttaa qalamu booddee waggaa 4,4tti haa ta'u. masqalli ammoo waggaa waggaatti haa gubamu.

muree seeraa.

Keewwata #3

★dhiirri biqila waan ta'eef, yoo dhiirri halaala dhaqe dubartiin biqila(farsoo) naqxee haa eegdu.

Keewwata #4

★biyyi fuula keessan dura jiru kan keessan! isa baddaa baddaasaa qabadhaa; qotadhaa isa irratti horsiifadhaa! jiraadhaa!

Keewwata#5

★biyya itti galtan kana keessatti lolli diinaa yoo iyyame walitti birmadhaa;walgargaaraa.

Keewwata#6

★bootuun(daaw'attoonni) keenya ilaalaniiru, biyyi itti galan kun beela'uudha; namoonni nu fakkaatan haadhatanii irra jiru; yo isaan isin waraanan malee hin saamiinaa; jaarsa isaaniitiin wasiila, obboo jedhaa, maanguddoota isaaniitiin harmee , gayyaa jedhaa.

Keewwata #7

★yammuu adeemtan angafni qomoodhaan lagatti hirreeffatee dura haa ce'u. safuun kan hangafa qomooti. yammuu adeeman lafa hangafni sabaa eeboo isaa kaawwatee haa buufatan

Keewwata #8

★obbo, cooraaf safuudha. ilmi abbaadhaaf safuu haa kennu. saalfiidhaaf ulfina, intalli intalli haadhaaf safuu haa kennitu.

Keewwata#9

Fuula keessan duratti adeemuuf eeboon keessan, billaan keessan,gasoon keessan qaramaa haa ta'u.

Keewwata#10

Kiin sonaan baay'eedha ,bosona fuula keessan duraa harangamaa ni cirtu,wari jabaatani dura adeemanii ciran dura lafa haa argatan.

Keewwata #11

Bosona kana ciruu keessatti yookiin adeemaa utuu/osoo jirtanii hiriyyaa keessan akka hin galaafannetti waan daggala raasu otuu ijaan hin argiin hin darbatiinaa.

Keewwata#12

Hiyya itti galtan keessatti qomoon tokko yo "hora" argate, hangafti qomoodhaa morma itti qalee dhiiga yommuu itti dhibaafatu "horri" sun kan qomoo sanaa haa ta'u.

Seera Makkoo Bilii

Madda: Kitaaba: Daawwiti

Barreessan: Walda Yohaannis Warqin